Kutaa 1ffaa

"Namni Waaqaa akka qulqulluu fi hujii gaariif qophaawaa ta'uuf kitaabni Hafuurri Waaqaa irra jiru cufti barumsa rifachiisuuf qalbii sirreessuuf gorsa qajeelinnaatiifis ni fayyada."
Xim 2ffaa 3: 16-17

"Hiikkaan dubbii keetii ni ifa; daa'immanis hubattoota taasisa." Far 118(119):130

Baafata:-

Kutaa 1ffaa

Barnoota Lammaffaa:- Dubbii Waaqaa 5

Tajaajila Hoga-Barruu wangeelaa

Barumsa fagoo

Kaayyoon barumsa kanaa warra Gooftaa amanuutti haaraya ta'aniifi warra yoo amantii keessa turanillee jireenya hafuura isaanii caalaatti cimsuu barbaadan barumsa kiristaanummaa barsiisuufi akka isaan jireenya hafuuraatiin guddatan gargaaruufi. Akkuma, "farda bishaanitti fidda malee akka inni bishaan dhugu hin dirqisiiftu" jedhamu sana barnoonni kunneen yoo barattoonni sirriitti hordofanii kutaalee kitaabaa isaan keessa jiran kitaaba Qulqulluun wal-bira qabanii jabaatanii qayyabachuu baatan yeruma tokko qofa dubbifachuun bu'aa barbaadamu argamsiisuu jechuu miti. Warri barnoota kana hordoftan hundi kitaaba qulqulluu keessan banattanii kutaalee isaatiin wal-bira qabuun akka tokoo tokkoo barumsa kanaa cimtanii qu'attan ni barsiisa.

Barnoota kanneen dhuunffaattillee yookiin gareen kitaaba qulqulluun qayyabachuuf itti fayyadamuun ni danda'ama. Namni Waldaa Kirstaanaa keessatti barattoota haaraya barsiisuuf itti gaafatama qabu tokkos itti fayyadmuu ni dand'a. Warri karaa keennaan barnoota kanneen dhuunfaan hordofuu barbaaddan garuu duraan dursitanii galmeeffamuu fi lakkoobsa eenyummaa fudhachuu qabdu. Sana booddees gaaffilee xummuramaa tokkoo tokkoo barmoota kana irra jiraniif deebii quubsaa erguun barmoota fagoo kana itti fufuu dandeettu.

Barnoonni fagoo kunneen barnoota bu'uuraa kudhanii-lama uf keessaa qaba; Kanas afur afuriin kutaa sadiitti qoonnee dhiyeessineerra. Mata dureewwaan isaaniis mata dureewwan kiristaana tokkoof ni barbaachisu jennee itti amannee dha. Barnoota kanneenis yaada tokkoo fi qalbiidhaan qayyabattanii akka deebii quubsaa barumsa sanaan wal-fudhatu kennitan malee jarjarsuufi uf-irraa baasuuf jettanii yookiin deebii barumsa sanaan wal-hinfudhanne akka hin kennine isin yaadachiisna.

Mata Dureewwan Barnootaas kanneen armaan gadi jiranii dha.

Kutaa Tokkoffaa

1. Fayyinna
2. Dubbii Waaqaa
3. Waaqa Kadhachuu
4. Amantii

Kutaa Lammaffaa

5. Tokkummaa amantootaa
6. Lola Hafuuraatii fi aangoo amantootaa
7. Sirnaallee waldaa kirstaanaa
8. Kennuu (arjoomuu)

Kutaa sadaffaa

9. Sadan tokkummaa Waaqaa
10. Hafuura Qulqulluu
11. Deebi'ee-dhufaatii Gooftaa
12. Tajaajila

Yoo isin barnoota afran kutaa kana keessatti argaman sirriitti qayyabattanii deebii isaanii walitti qabdanii nuu ergitani deebii keessan ilaallee kutaa itti aanu isinii ni ergina. Yeroo kutaa 3^{ffaa} xummurtanitti immoo, waraqaa ragaatii fi traanskiriptii barnoota fagoo kana xummuruu keessan mirkaneessu isinii ergina.

Barumsa Lammaffaa :- Kitaaba Waaqaa (Dubbii Waaqaa)

I. Kitaabni Waaqaa Kitaaba akkamitii?

Kitaaba Waaqaa jechuun Kitaaba Qulqulluu jechuu dha. Kitaabni Waaqaa Kitaabota 66 uf-keessaa qaba; innis, Kakuu Haarayaa fi Kakuu Moofaa (dullacha) jedhamee bakka gurguddaa lamatti qoodama. Kakuun Moofaan uumamni akkamitti akka uumame, namni akkamitti akka cubbuun kufeefi (jigeefi) akkamitti akka Waaqa irraa gargari baye, Waaqayyo immoo akka namni bara baraaf badu waan hin barbaadiniif akkamitti daandii fayyinnaa akka qopheessuu jalqabe, kunis karaa ittiin Yesuus Kiristoos Fayyisaan (Masiihiin) fooniin muldhatu, karaa Israa'elota worra sanyii Abrahaamii ta'aniin qopheesseefi seenaa Waaqni Israa'elota jidduutti hojjate kan ibsu yoo ta'u, akka Fayyisaan (Masiihiin) dhufus karaa garaa garaatiin agarsiisa. Kakuun Haarayii immoo dhufaatii Fayyisaa sanaa (Kiristoosi) labsuudhaan seenaa Waaqni karaa Kiristoosiitiin hojjate sana addeessa. Gabaabumatti Kakuun Moofaan akka Masiihiin (Yesuus Kiristoosi) cubbuu keennaaf aarsaa (sooriyoo) ta'uuf jedhee dhufuu waan fuulduraa kan agarsiisu yoo ta'u, Kakuun Haarayii immoo Misiraachoo (wangeelaa) Kakuu dhiigaa kan Waaqni dhiiga ilma isaatiin nama waliin gale kan masiihiin (Fayyisaan) isinii dhufeera; gatii cubbuu keessanii kaffaleera. Gidgiddaa wal-dhabiisaa kan isinii fi Waaqa jidduu ture sun, isinii diigeera. cubbuu irraa deebi'aa; Waaqaan walitti araaramaa jechaa oduu gammadaa (wangeela) ibsuun Kakuu Waaqayyo dhiiga ilma isaatiin nama waliin galee dha.

Kitaabota Kitaaba Waaqaa keessa jiran Kitaaba

Moofaa (Kitaabota 39).

1. Kitaabota seenaa (Historical); Kitaabota (17)

Kitaabota Seera kan Muusee(5); Seera Uumama- atii hanga Seera Keessa Deebiitti.

Kitaaba Iyaasuutii hanga Kitaaba Asteer iitti (12)

2. Kitaabota (Wolaloo) mammaassaa (Poetic) (5)

Kitaaba Iyyoobi

Kitaaba Farfannaa Daawiti

Kitaabota Solomoon (3) Fakkeenna, Lallabaa fi Weedduu Weedduu caalu

Kitaabota Raagotaa (Prophetic) (17)

Raagota gugurdoo (5), Isaayyaas, Ermiyaas, Boo'icha Ermiyaasi, Hisqi'eel, Daani'eel.

Raajota Xixiqqoo (12) Raajii Hooseetii Hanga Raajii Milkiyaasitti

Kitaabota Kakuu Haarayaa (27)

1) Kitaabota Seenaa (5)

Wangeelota afran; Waayee seenaa Kiristoosi:
Maatewoos, Maarqoos, Luqaas, Yohaannis
Hujii Ergamtootaa; Seenaa Waldaa Kiristaanaa isa jalqabaa.

2. Ergawwan (21)

Ergaawwan Phaawuloos (14) Gara Warra Roomaatii hanga Ibrootaatti, (Kitaabni Ibrootaa Phaawuloosiin barreefame jedhamullee waan kana mirkaneessuun hin danda'amnu).

Ergaawwan Pheexiroosi (2) PheeXiroos 1^{ffaa} fi 2^{ffaa}

Ergaawwan Yohaannis Ergamticha (3)Yoh 1^{ffaa} 2^{ffaa} fi 3^{ffaa}

Ergaa Yaaqoobi (1)

Ergaa Yihuudaa (1)

3. **Kitaaba Raajii , Muldhata Yohaannisi;**

Ergaan Kitaaba Waaqaa walumaa galatti Yohaannis 3:16 irratti hundeeffama. Namni Kiristoositti amanuudhaan akka jireenna bara baraa argatuufi jireenya namni Kiristoositti amanuu tokko qabaachuun malus ni ibsa. Kanaaf kitaabni Waaqaa ittiin qajeelfama jireennaa isa Waaqni namaa kennee dha.

II. Amalli Dubbii Waaqaa maal fa'a?

"Dubbiin dhugaa sirrii ta'uu isaa si beeksisuuf, nama waa si gaafatuufis akka dubbiin dhugaa ta'e akka dubbisuu dandeettuuf dubbii gorsaa fi beekumsaan guutame siif hin barreessinee ree?" Fkn 22:20-21

Akka kutaa kana irraa hubannutti kitaabni Waaqaa:

Dubbii dhugaatii (dabalata Efe 1:13 fi Yoh 8:31-32 ilaalaa)
Dubbii shakkii hin qabnee dha.
Dubbii gaafii cufaaf deebii qabuu dha.
Dubbii gorsaa fi beekumsaan guutamee dha.
Dubbii ulfinna qabuu dha.

Akkasumas

Dubbii araaraati. (Qor 2^{ffaa} 5:19)
Dubbii qaroomaa ti (Qor 1^{ffaa} 2:7)
Dubbii jireennaati (HuE. 5:20)
Dubbii keessa namaa seenuu fi yaada garaa namaa qoruu dha. (Ibr 4: 12.)
Dubbii abdii ti (Ibr 10:23)
Dubbii barabaraa ti. (Phe 1^{ffaa} 1:24-25, Isa 40:6-8).
Dubbii ayyaanaa kan ayyaana kennuu dha. (HuE 20:32)
Dubbii amantii ti. (Rom 10: 8; Rom 10:17)

Dubbiin Waaqayoo waan garagaraatti fakkeeffama:

Goraadee afaan lama qabu (Ibr 4:12)
Ibiddaa fi (burrisa) (Erm 23:29)
Bokka'a (rooba) (Isa 55:10-11)
Ifa (Far 118(119): 105)
(Daawwitii) (Yaq 1:23-25)
6. Nyaata (Soora) (Erm 15:16; Far 118(119);103; Phe 1ffaa 2:3)

III. Kitaabni Waaqaa Eenyuun barreeffame?

Kitaabni Waaqaa Kitaaba yaanni Waaqaa kan fayyinnaa keessatti ibsame yoo ta'uullee namoota gara afurtamaattu hafuura qulqulluun geeggeffamee barree- ssee. Waaqayyo namootatti fayyadamee akka dubbii isaa bifa kitaabaatiin nuu qopheesse kutaalleen kanatti aananii jiran nu hubachiisu;

Gal. 1:11-12 "Yaa obboleeyyan; wangeelli ani lallabe kan nama irraa dhufe akka hin ta'in ani isin beessisa Yesuus kiristoositti natti mullise malee harka namaatii hin fudhanne; nama irraas hin baranne."

Phe 2ffaa 1:21. "Namoonni qulqulloonni Waaqaan ergama- nii Hafuura qulqulluun geeggeffamanii dubbatan."

Erm 36:2 ".... Dubbii ani sitti dubbadhe hunda Kitaaba sanaa irratti barreessi."

His. 1:3. "...Dubbiin Waaqaa gara Hisqi'eeli dhufe" Yoonaas 1:1 "Dubbiin Waaqaa akkana jedhee gara ilma Amaatee gara Yoonaas dhufe."

Akkuma armaan olitti ibsame kitaabni Waaqaa Qulqulloota gara afurtamaa ta'aniin barreeffame; Qulqulloonni kunneenis kutaa hawwaasaa garaa garaatii fi sadarkaa beekumsaa gara garaa irratti argamu ture, Qulqulloota kanneen keessaas gariin barreessaa ogummaa kitaaba inni barreesse :-

Lak	**Barreessaa**	**Hojii**	**Barreeffama kan barreesse**
1.	Muusee	Tissee/Dura bu'aa sabaa	Kitaaba Seena Uumamaatii jalqabee hanga Seera Keessa Deebiitti
2.	Iyyaasuu	Dura bu'aa waraanaa	Kitaaba Iyyaasuu
3.	Solomoon	Mootii.	Kitaaba Fakkeennaa, kan lallabaatii fi kan Weedduu
4.	Naahimiyaa	Buuftuu daadhii mootii	Kitaaba Naahimiyaa
5.	Daani'eel	Muummicha Ministeeraa	Kitaaba Raajii Daani'eel
6.	Maatewoos	Qaraxxuu	Wangeela Maatewoos
7.	Luqaas	Ogeessa fayyaa	Wangeela Luqaas Hujii Ergamootaa
8.	Phaawuloos	Hayyuu	Phaawuloos Ergaawwan
9.	Pheexiroos	Qabduu qurxummii	Ergawwan Pheexiroos
10.	Yohaannis	Qabduu qurxummii	Wangeela Yohaannis, Ergawwan Yohaannis sadanii fi Muldhata Yohaannis

IV. <u>Kitaabni Waaqaa Yoom Barreeffame?</u>

Kitaabonni Kakuu Moofaa (dullattii) dhaloota Kiristoosii- tiin dura waggoota bara 1400 hanga bara 400tti jiran keessa barreeffaman. Kitaabonni Kakuu Haarayaa immoo dhaloota Kiristoosiitiin booddee waggoota bara 45 hanga bara 100tti jiran keessa barreeffaman.

V. Kitaabni Waaqaa Maaliif Barreeffame?

A. Barumsa keennaa fi jabaatanii dhaabachuufi jajjabeenna kitaabonni kennaniin akka abdii nuu ta'uuf <u>wanni duraan</u>

barreeffame cufti barumsa keennaaf barreeffameeraatii." Rom 15 :4

B. Nu qajeelchuuf kuni martis akka fakkeenna isaanitti ta'e, nu warra dhuma barichaa irratti raawwatamuuf jiru akeekkachiisuuf barreeffameera. Qor 1ffaa 10:11

C. Jireenna bara baraa akkamitti akka argannu nutti agarsiisuuf barreeffame. "Jireenna bara baraa qabaachuu keessan akka beettaniif ani isinii barreesseera". Yoh.1ffaa 5:13

D. Mana Waaqaa keessa akkamitti akka jiraachuu qabnu nu barsiisuuf barreeffame. "Mana jireenna Waaqayyoo keessa akkamitti akka jiraachuu qabdu akka beettuuf ani siif barreessa." Xim 1 ffaa 3: 15

VI. Bakka dubbiin Waaqaa jireenna nama amane tokkoo keessatti qabu:-

1. Nu dubbii Waaqaa irraa lammata dhalanne. (Phe 1ffaa 1:23
2. Jireenna hafuuraatiin kan guddannu dubbii Waaqayootiin Phe 1 ffaa 2:3

3. Barataa Kiristoosii kan dhugaa taanee Kiristoosiif kan jiraannu dubbii isaatiin. Yoh 8: 31-32

V1I. Faayidaa kitaaba Waaqaa Qayyabachuu

1. Caalaatti Gooftaa keenna Yesuus Kiristoosin beekuu.

Kitaabni Waaqaa sababii dubbii jiraataa ta'eef waanti inni jireenna Hafuuraatiif hojjatu yoo jiraatellee beekumsa sammuu guddifachuu qofaaf qayyabatama taanaan faayidaan inni kennu diqqaa dha. Kitaabni kun garuu Yesuusin agarsiisa. Xiyyeeffannoon isaas Yesuus Kiristoos; Kanaaf kaayyoon

qayyabannaa keennaa inni guddaan Yesuus Kiristoos beekuu ta'uu qaba.

"Isin waan Kitaabileen jireenna bara baraa qabaattan seetanii isaan qorattu. Isaanis waayee- dhuma kiyya dhugaa bawu. Yoh 5: 39 Kanaaf caalaatti Yesuus Kiristoosin beekuuf kitaaba Waaqaa qayyabachuu barbaachisa.

2. Qulqulleeffamuuf

Kadhaawwan Yesuus Kiristoos kadhate keessaa tokko akka barattonni dhugaa Waaqayyootiin qulquleefamanii dha. " Dubbii keetiin isaan qulqulleessi; dubbiin kee dhugaa dha. Yoh 17:17; Efe 5:26

3. Waan hamaa fi waan gaarii gargar baasanii beekuuf;

"Seerri kee miila kiyyaaf ibsaa, karaa kiyyaaf immoo ifa" Far 118 (119: 105)

4. Hubannaa argachuuf;

"Ajajni kee diinota kiyya caalaatti hubataa na godhe; dhugeessaan (dhuga-ba'iinsi) kee yaada- nnoo kiyyaa tii ; ani warra na barsiisan hunda caalaa hubadhe; ajaja kee barbaadeeratii ani maangudoota caalaa nan hubadhe. (Far 118 (119) 98-100)

5. **Karaa qulqullaawaa irra deemuuf**;

"Gayeessi maaliin karaa isaa qulqulleeffata? Dubbii kee eeguudhaan. (Far 118 (119):-9)

6. Waaqa duratti cubbuu hojjachuu irraa uf- eeguufi:

"Ani akka fuula kee duratti cubbuu hin hojjanneef dubbii kee garaa kiyya keessa keewwadhe. Far 118 (119) :-11)

7. Akka hujiin fiixa namaa ba'uuf;

"Seera garbichi kiyya Museen si ajaje cufa eegi, raawwadhus akka gara deemtu cufatti milkooftuu gara mirgaattis gara bitaattis hin gorin. Kitaabni seeraa kun afaan keetii hin ba'in; Garuu akka waan isa keessatti barreeffame hunda eedduufi, akka guutuuf halkanii guyyaa isa qaabadhu; yeroo sana karaan kee siif qajeela sii milkayas". (Iya 1:7-8)

8. **Hujii gaarii fi hidhachuu;**

"Namni Waaqayyoo akka nama qajeelaa fi nama hujii gaariif hundaaf qophaa'aa ta'uuf kitaabni Hafuurri Waaqayyoo irra jiru martii barumsaa fi akeekkachiisaaf, garaa namaas qajeelchuuf gorsa qajeelinnaatiifis ni gargaara. Xim 2 ffaa 3: 16 -17

9. **Cubbuu irraa bilisa ta'uuf eebba argachuu**;

"Garuu namni seera qajeelaa bilisa nama baasu sana (dubbii waaqayyoo dhaga'ee otoo hin dagatin ittiin jiraatuu fi hujii irra oolchu inni nama hujii isaatiin eebbifame ta'a." (Yaq 1:25)

10. **Dhugaa beekuuf**;

"Isin yoo dubbii kiyyaan jiraattan dhugumaan barattoota kiyya dhugaas ni beettu; dhugaanis bilisa isin baasa". (Yoh 8:31)

11. **Dhaala Haafuuraa**

Kan Waaqayyo dubbii isaa keessatti waadaa nuu seene (nuu kakate) sana arga- chuuf. HuE 20:32.

12. **Lola Hafuuraa Loluuf**. Efe(6:10-18)

VIII. Kitaaba Qulqulluu kiyya akkamitti quwadha?

Kitaabni Qulqulluun qajeelfama jireennaatii fi nyaata jireenna Haafuuraa kan namni amane hundi guyyuma guyyaan dubbifachuu qabuu dha. Kanaafuu karaawwan kitaaba dubbifachuufi quwachuu kanneen ergaa kitaaba kanaa nama hubachiisuu danda'anitti fayyadamuun barbaachisaa dha. Ergaa Kitaaba Qulqulluu hubachuuf karaawwan sadiitti fayyadamuun ni danda'ama. Isaanis:- qorannoo gochuu, irra dedeebi'anii yaaluu fi quwachuufa'a.

1. Qorannoo gochuu

Kitaaba kitaaba Waaqaa keessa jiru, tokko kaayyoon inni barreeffameetiifi ergaan inni dabarsu yaada addaa kan wal hordofuu qaba. Kanaafis yommuu kitaaba tokko quwannu, yoo danda'ame yeroo tokkotti otoo addaan hin kutin dubbiisanii keessa bawuu, yoo hin taane immoo yeroo walitti dhiyaatu keessatti dubbisanii xummuruun yaada kitaabichaaf handhuura ta'e qabachuufi walumaa galatti beekumsa waayee kitaabichaa argachuuf nama gargaara.Wonni nu qorannoo jenne sunis dubbifachaa gosa akkanaati. Fakkeennaaf yeroo wangeela Maatewoosi irratti qorannoo dubbifachuu goonutti dubbiini kitaabicha keessaa ifatti ba'ee muldhatu armaan gadi jira.

- Boqonnaa 1 fi 2 keessatti waayee dhalootaa fi guddinna Yesuus Kiristoosii
- Boqonnaa 3:1 hanga boqonnaa 4:11tti qophii tajaajilaa hujii (cuuphamuu isaatii fi qoramuu isaa)
- Boqonnaa 4:12 hanga boqonnaa 25:46 waamamuu barattootaatii fi tajaajila Yesuusi. (Fuula tajaajiltoota isaa yookaan dhuga baatota isaa warra bakka isaa bu'uuf jiranii duratti kaayyoo dhufeef sana dubbii fi hujiidhaan ibsuu isaa)
- Boqonnaa 26 :1 hanga boqonnaa 27: 31tti Yesuus dabarfamee kennamuu isaa (sadoo Yihuudootaa, Yihuudaan Yesuusin dabarsee kennuu isaa, Yesuus fuula luboota hangafootii fi fuula Philaaxoos duratti dhiyeeffamuu isaa)

- Boqonnaa 27: 32 hanga boqonnaa 28:20tti du'uu Yesuusiitiifi du'aa ka'iisa isaa;(Fannifamuu Yesuusii, du'uu isaa, du'aa ka'uu isaatii fii ergamuu barattootaa)

Qorannoon akkanaa kuni akka kitaabichi waayee maalii dubbatu beekuufi kutaalee gugurdaa sirriitti qabachuuf nama gargaara. Akkasumas waan kaayyoo kitaabichi barreeffa- meef hubachuu nama dandeessisuuf yaada dhiphaa irraa nama eega.

Yaaduu

Sababii gabaabinna yerootiif kitaaba tokko yookiin boqonnaa baayyee guyyuma guyyaan dubbisuun hin danda'amu; akkasumas yeroo hunda hin barbaachisu. Yeroo baayee boqonnaa tokko yookiin kutaalee muraasa dubbisuuttu mijaawaadha.Ta'us yeroon itti dubbifattoonni kitaaba sana dubbisanii cufuu malee waan hagas caalu tokkollee hin goone jira. Garuu wanni jireenna hafuuraatiif fayyadu, yoo dubbiisaan sun eegii dubbifatee booddee yeroo fudhatee waayee kutaa dubbise sanaa itti yaadee dha. Itti yaaduuni waan gugurdaa yeroo calleessaatti godhaman lama keessaa (Waaqa kadhachuu fi dubbii Waaqaa dubbisuu) isa tokkoo dha. Yaada isaa ibsuuf, fakkeennaaf yoo silaa kutaani yeroo calleessaa kan guyyaa sana dubbifamu:- Maatewoos 4:1-25 ta'e, dubbisaan sun yeroo hafuura kadhannaatiin kutaa kana dubbifatutti wonni yaada dubbisaa kanaa qaban waan lakkoobsa 4, 7 fi 10 irratti argama jechuunis, dubbii "...jedhamee barreffameera" jedhu yookiin dubbii lakkoobsa 19 irratti "na faana kottaa; anis akka isin qabdoota namaa taatan isin godha"; jedhu yookaan" isaanis ...dhiisanii isa hordofan" (Lak.20 fi 22) jedhu ta'uu danda'a. Yoo dubbifataan sun yaada kana qalbii isaa keessatti alalfachuu jalqabee, "wanni kun hiikaa maalii naa qaba?" jedhee yaade inni waan dubbifate sana itti yaaduuti jira jechuu dandeenna.

3. Qu'annoo

Qu'annoon waan karaawwan lamaani armaan olitti tuqaman kana walitti qabu ta'ullee hubannaa gad-fageennaafi baldhinna qabu argachuudhaaf, tokko tokkoon ilaalanii qalbiin dubbifachuu dha. Kitaaba Qulqulluu dhunfaadhaan barsiisaafi akkasumas tuuta tuutaan mariyachaa qu'achuun ni danda'ama. Karaawwan sadanuu mala qu'annaa kan ufii isaanii dansaa qabu. Wonni nu barsiisa kana keessatti ilaallu dhunfaadhaan kitaaba qulqulluu qu'achuu dha.

Dhunfaan kitaaba qulqulluu qu'achuu

Kitaaba qulqulluu qu'achuun waan fiigichaan godhamuu miti. Yeroo murteeffachuu, karoora baafachuufi karoora sanaan qajeelfamuu gaafata. Waan qu'annaa tokko quubsaa godhan keessaa gugurdoo isaanii haa ilaalluu!

1. Qophii Gaarii

A. Yaadaa fi qalbii ufii qopheeffachuu;

Qu'annaan fedhii fi obsa, barachuudhaaf, sammuu banamaa fi qalbii gadi uf-qabeessa gaafata. Waan kanaaf fakkeenni gaariin namoota Beeriyaati. Yeroo Phaawuloos ergamtichi Tasaloonqee keessatti wangeela lallabetti mormiin itti ka'ee ture. Sababii kanaaf Tasaloonqeedhaa gara Beeriyaa dhaqee mana sagadaatti wangeela barsiise. Yeroo Phaawuloos wangeela barsiisettis kitaabni qulqulluun waayee simannaa namoonni Beeriyaa isaaf godhanii HuE 17: 11-12tti "Namoonni Beeriyaa waan namoota Tasaloonqee caalaa gara-baldheeyyii turaniif wonni kun akkas ta'innaa jedhanii kitaabicha qoruudhaan dubbii sun fedhii guutuudhaan fudhatan" jedha. Yeroo tokko tokko waan lallabdoota irraa dhageenye yookaan waan otoo kitaaba dubbifnuu arganne yookaan waan duraan dubbifanne tokko yoo irra deebinee dubbifne waan beennu nutti fakkaatee akkuma salphaatti bira

dabrin; Jechuunis yeroo nu kutaa sana ilaalutti yaanni "ani nan beeka" jedhu nutti dhufee akka nu sammuu keenna cufnu nu godha. Wonni ta'uu malu garuu kutaan nu dubbisaa jirru waan duraanuu argine ta'ullee caalaatti beekuuf Waaqayyoo hardhallee na barsiisuu danda'a jechuudhaan hafuura kadhannaatiin kutaa sana qu'achuu dha. Yaadaa fi qalbii banachuuni dogongora sirreesuudhaaf ilaalcha duraan hin qajeelfamin qajeelfachuudhaaf dhugaa qofaaf buluuf tarkaafii gaarii dha.

B. Kitaaba Qulqulluufi waan itti barreessan (Iskiribitoo fi waraqaa) qopheeffachuu.

Handhuurri qu'annaa Kitaaba Qulqulluu Kitaabuma Qulqulluu dha.Yeroo qu'annaatti kutaan qu'annaa sun banamuu qaba. Kana biratti akka yeroo qu'annaan deemsifamutti sirriitti hubachuun danda'amuuf waan achi irraa argame yookaan hiikkaa isaa yaada jireenna ufii waliin wal qabatu waraqaa irratti qabachuun waan qu'annaa sana bu'a-qabeessa godhuuf waan barbaachisu cufa qopheeffachuuni faayidaa qaba.

Hafuura Qulqulluu irraa barachuudhaaf hafuura kadhannaa keessa jiraachuu.

Sammuuni namaa kophaa isaa ergaa kitaaba qulqulluu sirriitti qabachuu hin danda'u. Kanaaf akka inni nu barsiisuuf Hafuura Qulqulluu nuu kenname irratti irkachuun baayyee murteessaa dha. Sababiin isaas Kitaabni Qulqulluun yoo namoota qulqullootaan barreeffamellee akki isaan Hafuura Qulqulluudhaan geegeffamanii barreessan ibsameera. Phe1ffaa 1:20-21 Kanaafis akkuma Phaawuloos ergamtichi jedhe, "Hafuurri dhossaa Waaqayyoollee otoo hin hambisin waan hunda ni qoraatii; Waaqayyo karaa hafuura isaatiin nuu ibseera "… dubbii Hafuuraa dubbuma hafuuraatiin wal-biratti ilaaluudhaan dubbii hafuurri nu barsiisuun waan kana dubbanna malee dubbii qaroomni namaa nu barsiisuun hin dubbannu. (Qor 1ffaa 2:10-16) Boqonnaadhuma kana

keessatti Ergamichi kun akka dubbiin Hafuura Waaqayyoo Hafuuru- maan qoramu dubbata. (lak. 14) Gooftaa Yesuus yeroo baayee barsiisummaa Hafuura Qulqulluu dubbatu, "Jajjabeessan jechuunis Hafuurri Qulqulluun Abbaan maqaa kiyyaan ergu sun waan hunda isin barsiisa…" Ani waan isinitti himu hedduu qaba; garuu isin amma baachuu hin dandeettan. Hafuurichi dhugaa sun yeroo dhufutti garuu gara dhugaa cufaatti isin qajeelcha..." jedheera. Yoh 14 : 26; 16:12-13. Egaa akka dubbiin isaa nuu ifuuf, akkuma Ergamtichi namoota Efesoonitiif kadhate sana akka iji keenna kan hafuuraa nuu banamuuf (Efe 1: 18) Akkuma Daawitis jedhe akka iji keenna seerichaaf banamuuf (Far 118 (119 :18) Ammas Gooftaan keenna Yesuus Kiristoos erga du'aa ka'ee booddee akka isaan Kitaabota hubataniif jedhee sammuu isannii baneef sana (Luq 24: 45) nus akkasuma akka hubachuu dandeennuuf akka sammuun keenna nuu banamu Waaqa kadhachuu nu barbaachisa.

2. Kutaa qu'atamuufi mala qu'annaa murteessuu

Yeroo qu'annaatti gaaffiini ani akkamitti jalqaba? Maalis qu'adha?" jedhu kawuu danda'a. Karaawwan kanaan gadi jiranitti gargaaramuun ni danda'ama.

A. Kitaaba filachuudhaan

Fakkeennaaf Ergaan Phaawuloos gara warra Filiiphisiyuu- siitti erge waan kitaaba tokko ta'eef gaaffiiwwan asii gadi jiran gaafachaa kitaaba kana qu'achuuni ni danda'ama.

- Barreessaanni isaa eenyu?
- Barreessaani sun eessa taa'ee barreesse?
- Ergaan sun eenyuuf barreeffame ?

- Yeroo ergaan sun barreeffametti warri ergaan sun barreeffameef haala akkamii keessa turan?
- Yaanni ergaan sun dabarsu guddaan maal fa'a?
- Barreessaani sun yaada isaa dabarsuuf mala akkamiitti gargaarame?
- yaanni irra dedeebi'anii dhufan yookiin yaanni wal fakkaatuuf kanneen waliin mormu jiraa?

Eegii haala kanaan yaada isaa hubatanii booddee ergaan barreessaan kitaabichaa dabarsuu barbaade maal akka ta'e yaada xummuraa keennuudhaan jireenna ufii waliin ilaaluuni malatokkoo dha.Deebiwwan gaafiiwwanii kanneen qorannoof nama gargaaran kan asii olitti xuqaman sun beekuun yeroo mara ni danda'ama jechuu miti. Sababiin isaas kitaabota tokkoo tokko eenyu akka isaan barreesseyyuu dhuguumaan hin beekamu. Kanneen keessaas tokko ergaa gara Ibrootaatti ergamee dha. Phaawuloos Ergamtichattu isa barreesse jedhamullee guutumaan guutuutti mirkaneessuuni hin danda'amu.

B. Mata-duree Murteessuun

Fakkeennaaf yoo waayee amantii qu'achuuni barbaachise dubbii amantii jedhu yookaan kutaalee Kitaaba Qulqulluu kanneen waayee amantii odeessan fudhatanii uf-eegannoon akkuma barsiisa isaatti qu'achuuni kutaalee fudhataman sana yaada kanaa gadiitiin xummuruun ni danda'ama.

- hiikkaa amantii
- sadarkaa amantii
- karaa amantiin ittiin argamu
- barbaachisummaa amantii
- ibsa amantii

C. Eennummaa namaa filachuun

Fakkeennaaf yoo waayee Daawit mootichaqu'achuuni barbaachise kutaalee Kitaaba Qulqulluu kanneen waayee Daawiti dubbatan qu'achuudhaan gaafilee kanaa gadii deebisuun ni danda'ama.

- eessatti dhalate
- abbaa fi haati isaa eennu turan
- bara kam keessa jiraate
- maaliin beekama
- Waaqa waliin walitti dhufeenna akkamii qaba ture?
- Ani jireenna isaa irraa barumsa maalii argadha?

D. <u>Keeyyata / Keeyyatatoota fudhachuun</u>

Fakkeennaaf Maariqoos 2: 1 hanga 3: 6tti jalqabatti kutaa isaa keeyyata keeyyataan gargarii qoodanii qu'achuun waan armaan gadi jiru ilaaluuni ni danda'ama.

Waan tokkoo tokkoo keeyyata sanaa keessatti ta'e keeyyatoonni sun akkamitti akka walitti hidhaman keeyyatoonni akkamitti akka guddachaa dhufan Xiyyeeffannoon keeyyatichaa kutaa kam irra akka jiru hubachuu;
keeyyatawwan kunneen haala kanaan kaa'amuu isaaniitiin kaayyooni barreessaa kanaa maal akka ta'e ilaaluu.

<u>Ajaja nama amanu tokkoof waayee Kitaaba Qulqulluu irratti kenname.</u>

A. Aanan dubbichaa hawwaa (Phe 1^{ffaa} 2: 2-3)

B. Dubbiin isaa guutummaatti isin keessa haa jiraatuu (Qol 3: 16)

C. Dubbii kiyyaan jiraadhaa ; dubbii kiyya eegaaa (Yoh 15:7; 14: 23)

Yoo wanni nu ittiin fayyinee fi wanni nu ittiin jiraannu ayyaana Waaqayyoo ta'ellee guddinnaaf jireenna irraa hafaadhaaf daandii qaxxaamura hin qabu. Jireenna akkasiitiif dubbii isaa qorachaa akka dubbii isaatti dedeebi'uun (jiraachuun) keenna waan barbaachisaa bakka bu'a hin argannee dha.

Gooftaan guutama dubbii isaatiin isin haa eebbisuu!

Barumsa Lammaffaa: Dubbii Waaqaa:

LakkoobsaEennummaa:_____
Maqaa: _____
Bakka jireennaa: _____
_____
_____

1. Kitaabni Qulqulluun bakka gugurdaa meeqatti qoodame? Ergaawwan gugurdaan kutaalee gugurdaa kanaa maali?

2. Dubbiin Waaqaa maalfa'aan wal fakkeeffama? Tokkoon tokkoon isaanii waayee amala dubbii Waaqaa maaliin agarsiisu?

3. Sababiiwwan Kitaabni Qulqulluun barreeffameef keessaa sadii ibsi?

4. Yoo Kitaaabni Qulqulluun dubbbii Waaqaati jennu maal jechuu keenna?

5. Jireenna kee kan guyyaa guyyaa keessatti haala ittiin dubbiin Waaqaa karaa hujiin muldhaatuun akka qajeelchaatti itti fayyadamte keessaa tokko mee ibsi.

6. Kitaaba Qulqulluu kee karaa akkamiitiin akka qu'a-chaa jirtu gabaabsiitii ibsi!

7. Yeroo Kitaaba Qulqulluu dhuunfaatti qu'attu waan Hafuurri Qulqulluun dhiyeenna kana dubbii Waaqaa keessaasi barsiise tokko gabaabsiitii barreessi; (waan namoota irraa baratte otoo hin ta'in waan yeroo dhuunfaatti Kitaaba Qulqulluu kee qu'attutti Hafuurri Waaqaa jidduu kana si barsiise)